سُوْرَةُ W
Suuraa israa`aa

*Dura dursoo suuran tun suuratul'israa'ati je'amti .

*Isiin suraa makkaati ayata 26,32 ،hanga 80,malee isiin ta **74** Madiina'aatii.

*Aayaanni isi'ii dhibbafii khudha tokko {111}

*Lakkooysi isi'ii khudha torba {17 }

*Isiin eega suuraa {qasgasgii} buute .

*Jalqabni dubbiidhaa maqaa Rabbii waa hundaan nama qananiisuti,

*Rabbiin waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye,

*Kan gabricha isaa muhammad halkan keessaa deemsise, isaa dhagayu waytii xiqqoo keessatti

*Makkarraa,

*Hanga beytulmaqdisitti,

*Masjidul'aqsgaa, kan maddii isaatitti barakaa diiniifii dunya'aa buufne ,lagooti'iifii ,midhaan isaa heddommeysinee bakka anbiyoonni itti heddommaatu goonee.beytulmaqdis biyya shaam jiraa, ammoo amma falasxiinin beekkamaa, hanga amna guyyaa afurtamaati makkarraa fagaata,duuba Rabbiin halkanirraa, waytii xiqqoo keessatti masjida makkaatii, nabi Muhammad kaasee, malaaykan waan yaabbatu, tan harre'ee olii ta gange'ee gadii, tan buraaq je'amtu, fiddeefii masjida beytulmaqdis je'amu dhaqee ,achitti anbiyoonni hundi dhufee ,isaan qeebalanii, imaama tayee, isaanin salaatee, achirraa ammas, wanni samiidhan koru dhaabbamteefii, samii torban dabree , isaa warra samii keessa jiru, malaayka'aafii anbiyaa isa qeebalu'uuf salfii baaterratti salaammatu bakka takkaa malaaykan hin gayin, kophaa isaa gayee, Rabbii isaa argee, kan akkanaafii akkanattin argee himuu hin dandeenye, achitti Rabbiin waan beekkomsa taye hunda kenneefii, waan uume hunda garsiisee, jannataafii warra jannataa, ammallee azaabafii warra azaabaa garsiisee, halkanii guyyaa keessatti salaata shan kan sawaabni isi'ii shantamaa, irratti waj-

قبل كل شئ هذه هي سورة الإسـراء

وهي مكية آية ٧٣، ٥٧، ٣٣، ٣٢، ٣٣، ٢٦ ، ٣٣،
٥٧,٧٣الي الآية ٨٠، فمدنية

وآياتها مائة وأحد عشر {١١١}

وترتيبها{١٧}

نزلت بعد سورة القصص

i j k

!

% $ # "

(' &

+ *)

. - ,

jabsiise, ammas namni ummata keetirraa waan hamtuu dalagu'uu ka'ee , dalagu'urraa dhaabbate, homaa isarratti hin katabu, ammoo yoo dalage dilii takkitti'in isarratti kataba. Ammoo nama waan gaarii dalagu'uu ka'ee, irraa oole, sawaaba tokkon katabaafi, yoo dalage sawaaba khudhanan katabaaf je'ee gammachiisee akkasitti nabi Muhammad karaa dhaqeen makkatti deebi'ee, ganama halkan sanii masjida makkatti bayee waan halkan san arge warra makkatti odesse, odessinaan, abuubakr dura dursoo dhugo'oomsee achirraa {abuu-bakriss-addiiq} je'amee yaamame, saddiiq jechuun: dhugo'oomsaa jechu'uu. Ammoo kuffaarri makkaa kan nabi Muhammad kijibsiisuu ture, waan nabi Muhammad je'u dhageenyan, ar'uma kijibsiifnaadhaf, akki je'an: Muhammad biyya shaam tan nuti hoggaa naggadaaf yaanu, guyyaa afurtamatti dhayn'u, halkan tokkottan dhaqee gale, je'aa, bayaa je'aniiti irratti wal gayanii, mee beytilmaqdisii dheyxe san, akka isaa nuu himi je'aniin, nabi Muhammad san dura hin dhayn'ee, ammoo weytiin amma dhaqes halkani, ormi kuffaaraa akkaan beytulmaqdis beekka, duuba hoggaa san jibriil suuraa beytulmaqdis nabi Muhammad dura qabee waan kuffaarri irraa gaafate, takka takkaan himeef, duuba kuffaarri wanni nabi Muhammad je'u dhugaa tayuu garraan waan biraa tan nabi Muhammadiin kijibsiisan barbaadaf, naggaadee isaanii,tan shammadaaf, shaam dheyxee, dhufaaf karaa jirturraa gaafannaan, bakka akkanattin bira dabree, guyyaa akkanaati saa'aa akkanatti kan gaalli akkana dura deemu makka seentii je'een, akkasitti eeganii, akkuma nabi Muhammad je'etti galte wanni Rabbiin waan dachi'ii samii keessatti uume hunda, halkan san nabi Muhammad garsiisef nabi Muhammad guddisu'uufi, akkasuma waan kuffaarri isa godherratti isa sabarsiisu'uuf, maalif nabi Muhammad kuffaara makkaa islaamatti yaameti, irraa qeebaluu didanii, zamana dheeraa miidhaa guddoo isa miidhan, duuba nabi Muhammad ka'eeti diinaa Rabbii biyya biraa dhaqee facaasu'uu jecha, biyya {xaa'if} je'amtu dhaqee, na qubsiisa'aa, diin facaasu'urratti na gargaaraa je'een, haatayuu qubsiisanii gargaaruu dhiisii, joollee itti diraniiti dhaga'aan tumanii,ari'an, akkasitti nabi Muhammad isaa miilli isaa dhiigan hallame, gara makka as gara gale, malaaykan Rabbii nabi muhammad kara'atti qeebaltee akki jetteen: warra akkatti si miidhe kana lafarraa fin'aa, iznii nu godhi je'aniin, jennaan nabi Muhammad Rabbiin ilmaan isaanii keessaa nama Rabbitti amanu baasuun ooluu, hin fixinaa je'een, duuba nabi Muhammad hoggaa deebi'ee makka seenu'uu ka'u, kuffaarri makkaa, makka seenuu dhoowwe, biyya xaa'if tan xilaata kheenyaa dhaqeeti nuun lolu'uu ka'e je'anii, haa tayuu jaalli isaa tokko seensisee, akkasitti dachiin nabi Muhammaditti rakkattee, warri lafaa isa qeebaluu dide. Duuba nabi Muhammadii akkatti jiruu, Rabbiin eega warri dachi'ii kuffaarri najifni si qeebaluu dide warra sami'ii xaahiraatu si qeebalu'uu hawwaa, koottu je'ee yaamee, waa hunda waan ajaa'ibaa isa garsiise, tanaaf Rabbiin akki je'e:

*Wanni gabricha keenya makkarraa qudsi

geessinee, qudsirraa samii torban dabarsinee, halkanirraa waytii xiqqoo keessatti makkatti deebifneef akka ragaa dandeytii teenyaa isa agarsiifnu'uufi, waan qalbii isaa jabeessu,

1}*Rabbiin haala nabi muhammad ni beekhaa, waan inni je'u ni dhagayaa, waan inni dalagu ni argaa, tanaaf israa'afii mikgraajan qananiisee, halkan san ulfina wasana yookaa daangaan qabneen isa guddise.

7 6 5 4 3

*Nabi muusa'aaf kitaaba {towraat} je'amu kenninee jirra,

*Akka towraatin ilmaan yakgquub qajeelan goonee israa'iil: {nabi yakgquubi},

2}*Wanni isaanin jenne: naa achitti wakiila, nama dubbii teessan itti irkifattan hin godhatinaa.

: 9 8

> = < ;

D C B A @ ?

*Yaa ilmaan nama nabi nuuhg wajjin safiinaa yaabbachiifnee, qajeelaa,

3}*Nabi nuuhg nama akkaan Rabbiif galata galchuu tayuu ture, haala hundarratti.

I H G F E

O N M L K

*Kitaaba towraat keessatti orma israa'iiliin ,akki jennee isaan beysifne,

*Hoggaa lama waan hamtuu dalaydanii, biyya shaam balleessu'uu teessan,

4}*Ibaadaa Rabbirraa if guddiftanii, jallina guddaa jallatu'uu teessan.

U T S R Q P

Y X W V

] \ [Z

*Duuba hoggaa weytiin qixaaxa balleessaa teessanii,ta duraa geesse,takkaa dhufte,

*Gabroottan keenya isinitti ergina isin qixaaxu'uu jecha

*Warra lolaa jajjabaa,

a ` _ ^

e d c b

h g f

*Duuba biyya teessan seenanii, isin barbaadanii isin fixu'uu jecha, olii gad yayaa'anii isin qaqqabanii,garii keessan ajjeessanii kaan boojiyan ,

k j i

5}*Qixaan'I nuti baallama isinii seenne sun baallama argamu'urraa hafiinsi hin jirre,duuba akkuma Rabbiin odeessee ,balleessan duraa:nabi zakariyyaa ajjeessanii argamnaan,Rabbi mooticha jaaluut

p o n m

je'amu itti ergee, dhiira isaanii fixanii, dhala'aafii joollee isaanii boojiyanii biyya isaanii beytulmaqdis cacabsanii dhoysan .

*Duuba eegasii mootumma'aafii, humna isinii kenninee, orma xilaata keessanirra isin aansinee, namicha isin balleesse jaaluut ajjeeftan, eega amata dhibbaatii,
*Ammallee hori'iifii ilmaan isinii kenninee

u t s r q

x w v

6}*Hanga durirraa, cifraa teessan heddommeessinee.

*Duuba yoo toltanii qajeeltan, ifuma teessaniif toltan,
*Ammoo yoo balleessa'atti deebitan ifumatti balleessitanii beekhaa,
*Duuba hoggaa waytii balleessa teessan ,ta lammeessa'arratti isin qixaan'u geese takkaa dhufte,xilaata keessan, warra jajjabaa isinitti gad lakkifna ,
*Akka fuula isin hammeessan ,ajjeecha'aafii, boojiyu'uun, gammachuu, isinirraa deemsisanii, rifachuu isinitti gad lakkisanii, rifachuu fuula keessanirraa mul'attu
*Ammallee akka {beytulmaqdis} seenanii, jiysaniif jecha,
*Akkuma gaafa duraa seenanii, balle-essanitti ,
*ammallee akkaballeessaniif

| { z y

} ~ أَحْسَنتُمْ لِأَنفُسِكُمْ

وَإِنْ أَسَأْتُمْ فَلَهَا

فَإِذَا جَآءَ © ٱلْآخِرَةِ

لِيَسُۥٓـُٔوا۟ وُجُوهَكُمْ

وَلِيَدْخُلُوا۟ ٱلْمَسْجِدَ

كَمَا دَخَلُوهُ أَوَّلَ مَرَّةٍ

*Waan irratti mooyan, yookaa qabatan mara

¶ µ

7}*Balleessaa badduu,duuba akkuma Rabbiin je'etti, balleessan lammeeysa'aa, ilmaan israa'iil, yahuuda'arraa argamnaan, nabi yahgyaa ilma nabi zakariyya'aa ajjeessu'uun, Rabbiin isaanitti dallanee, mooticha kaafiraa tokko,kan{bukhtunussar} je'amu itti ergee kuma meeqatam isaaniraa fixee,ilmaan isaanii boojiyee, beytulmaqdis jiyse .

٧

*Duuba Rabbiin ilmaan israa`iilin akki je'e: eega balleessaa lammeysaadhatii, yoo toltanii qajeeltan,rahgmata isinii godhuun ni khajeelama, rahgmata isinii goona jechu' ,

$ # " !

*Yoommoo balleessa'atti deebitan nutis isin (' &

iqaabu'utti,yookaa qixaaxu'utti deebina,duuba akkuma Rabbiin je'ee, isaan warra balleessa'arraan dhaabbannee, nabi Muhammad ergamnaan itti amanuu didanii, Rabbitti balleessinaan, Rabbiin nabi Muhammad itti ergee orma yahuuda'aa kan {banii qureyzaa} je'aniin fixanii, kanneen {baninnadiir} je'aman, biyyaa baasan akkasuma yahuudan hanga guyyaa qiyaama'atti balleessa'arraan dhaabbattuu, Rabbiinis nama isaan miidhu isaanitti ergu'urraa hafiin'si hin jiru,

8}*Ibidda azaabaa bakka kuffaarri itti hidhamu goone. . - , + *

*Qur'aanni kun ni qajeelcha 2 1 0 /

*Karaa qajeelaa haqaa, 5 4 3

*Warra amane gammachiisa, 7 6

*Warra amane kan waan gaarii dalagu, : 9 8

9}*Ajrii guddoo, yookaa. Sawaaba guddaa, aakhira'atti dalagaa isaanirratti argataniin isaan gammachiisa ? > = < ;

*Warra guyyaa qiyaama'atti hin amanne, D C B A @

10}*Azaaba isaan laalessu isaanif qopheysine, sun ibidda jahannamii. I H G F E

*Ilmi namaa hoggaa aare,balaan isatti bu'uu ,yookaa warra isatti bu'uu,khadhata , if abaara, yookaa ilmaan isaati, yookaa jaartii isaati abaara jechu', L K J

*Akkuma hoggaa gammaden,waan gaarii ifiif yookaa nama isaatif khadhatutti , N M

11}*Namni haala jarjaraati qaba ,tanaaf hoggaa aare du'aa'ii ifitti godhe, takkaa if abaara kan waan booda itti dhufu hin laalle kan wannumti inni fedhu, hamtuu taatuu, toltuu taatuu argamu'uuf hawwu , kan odoo argamtee booda sheenayu'uu taa'u. S R Q P [

*Halkaniifii guyyaa, ragaa dandeytii teenyati goone, W V U T

*Ifaa halkanii ji'arraa hayn'ee jirra hanga er'atee,dhabamu takkatti, akka isa keessatti hara baafattaniif, [Z Y

*Ammoo guyyaa waytii keessatti waa argan goonee jirra,
*Akka isa keessa waan Rabbi isinii hire barbaaddattaniif
*Akka ammallee halkaniifii guyya'aan ,adu'-uufii ji'aan ,lakkooysa baraatifii, kan waytii birallee, beytaniif jecha,
12}*Waan isin itti haajamtan hunda isinii addeessinee jirra, aqlii isinii kenninee, anbiyaa isinii erginee.

*Nama hundaa dalagaa isaa isa qabsiifnee jirra, {xaa'iruhuu} jechuun: dalagaa isaa jechuu
*Dalagaa isaa morma isatti yookaa gateetii isatti rarraafnee jirra,jazaan dalagan isaa isaan addan bayuu wajuma deema jechu'
*Guyyaa qiyaama'aa ni baafnaf,

13}*Kitaaba dalagaan isaa hundi keessatti katabamte banamaa, cufamaa tayin, arga ,ijji isaa akkaan jabaattee kitaaba addunya'arratti arguun dandeenye, aakhiratti agartee.

*Wanni isaan je'amu kitaaba dalagaa teetii qara'i ,
14}*Ar'a lubbumti tee si hisaabu'uf ni geessi ragaan biraa, takkaa namni dalagaa teetirraa si gaafatu hin barbaadamu, sumaatu bakka nama biraa dhaabbatee kitaabaa dalagaa teetii qara'ee,ragaa ifitti bayaa ,guyyaa qiyaama'aa namuu isaa waa qara'uu dandayu qabri'ii ka'a.

*Namni qajeele lubbuma isaatif qajeele waan faa'idaa qajeelloo isaa boru argatuuf jecha
*Namni jallate lubbuma isatti jallate, waan qixaan'i jallina isaa isa eeggatuuf,
*lubbuun dilooyte hundi hin ba'attu,

*Dilii lubbuun biraa dilooyte lubbuun takkalleen dilii ifii malee,ta nama biraan ba'attu,
15}*Nam tokkollee waan inni dalagerratti hin qixaan'u hanga anbiyaa itti er ginee haqaafii baaxila addaan baafnefii, inni karaa

kiyya didutti,gaafas hamtuu inni dalagerratti ni qixaan'a.

*Hoggaa warra biyya takkaa kuffaara fixuu feene, وَإِذَآ أَرَدْنَآ أَن نُّهْلِكَ قَرْيَةً

*Warra qananii qabu matootii biyya sanii ibaadaa teenyatti ajajna, karaa anbiyootatiin, takkaa ulamaa'iidhaatiin, أَمَرْنَا مُتْرَفِيهَا

*Duuba ajaja keenya didanii, karaa keeny-arraa bayanii, فَفَسَقُوا۟ فِيهَا

*Gaafas balaan nuti,yoo amrii teenya diddan isinitti buuti jenneen,isaanitti buuti, takkaa haqa godhatanii فَحَقَّ عَلَيْهَا ٱلْقَوْلُ

16}*Duuba balleessaa hamtuu isaan ballee- فَدَمَّرْنَٰهَا تَدْمِيرًا ﴿١٦﴾

ssinee akka waan biyya sanitti takkaan argaminii isaan goone, takkaa makg-naan{ammarnaa {أمرنا warra qananii qabu mootomsinee, karaa haqarraa baya-nii, lafarraa isaan fin'e jechu'.

*Ummata meeqaatam warra dabrerraa, isaan cubbuu dalaynaan, balleessine, وَكَمْ أَهْلَكْنَا مِنَ ٱلْقُرُونِ

*Kanneen eega nabi nuuhgii dhufan, kan-neen akka kgaad thamuudifii ummata luux, firkga`iwnaa, مِنۢ بَعْدِ نُوحٍ ۗ

17}*Rabbiin kee cubbuu gabroottan isaa keessaa gubbaa beekhaa,ni argaa ,beekko-msaafii argaan isaa ni geessii,ragaan biraa hin barbaadamuu, jazaa isaanii galcha. وَكَفَىٰ بِرَبِّكَ بِذُنُوبِ عِبَادِهِۦ خَبِيرًۢا بَصِيرًا ﴿١٧﴾

*Nama dalagaa isaatin addunyaa qofa arg-atuu fedhu,kan isii malee waan biraa hin feene, yookaa hin barbaanne sun akka nama kuffaaratii, $ # " !

*Waan nuti isaa kennuu feenu, isaa kennina, waan inni argatuu fedhee mitii, sanuu) (' & %

*Nama isaa kennuu feenef tanaaf jecha + *

kuffaarri waa haddu'uuf hawwaa, garii isaa malee hin argatu,inumaa isaanirraa ,namni hedduun garuma{garii}sanuu argatuu fedhaa, haa tayuu hin argatanii, akkasitti hiyyummaan addunya'aa aakhira'aa isarratti walitti qabamti, ammoo mu'minni durummaa aakhira'aa maraxatee, yoo addunya'arraa waa argate tolte , ammoo yoon argatin, wanni inni yaadu: akka hiyyummaan inni keessa jiru

durumma'arra isaa caaltu Rabbi biratti , ammoo kaafirri argatee dhabus, bololli addunya'aa irran deemuu, sinqii aakhira'aa, waa takkan qabu ,

*Kaaffirri eega waan addunya'arraa argateen waa xiqqo qanani'ee,aakhira'atti ibidda jahannam ,kan seenee keessa qubatu, isaaf goone,

0 / . - ,

*Isaa jibbamu,

1

18}*Isaa rahgmata Rabbirraa darbame.

3 2

*Namni aakhiraa maraxatee,

6 5 4

*Dalagaa aakhira'aan, maltu dalage,

9 8 7

*Isaa aakhira'atti amanee, waan Rabbiin je'u hunda dhugo'oomsu,

; :

*Jarri Rabbitti amanee waan aakhira'aan malu dalage sun,

<

19}*Dalagaan isaanii waan galata qabaati ,kan Rabbiin irraa qeebalee, sawaaba isaanii kennu.

@ ? > =

*Jarra lameenuu,kanneen addunya'aa je'ee waan dalagu dalaguufii ,kanneen aakhira'atti sawaaba argatu'uu je'ee dalagu,

A

*Kanaafii kaanille'ee ni kennina, addunyaa tanarratti ,

D C B

*Rizqii Rabbii keetirraa isaanii hirra,

G F E

20}*Kennaan Rabbii keetii nam tokko

N M L K J I

rralle'ee hin dhoowwamtu ,takkaayuu hin cittu , addunyaa tanarratti, kaafirri Rabbitti hin amanin, kanuma addunyaa argatu'uu dalagu,waan Rabbiin uume nyaatee,dhugee uffatee, jiraata, mu'minni Rabbitti amane, kan sawaaba aakhira'aa argatu'uu je'ee dalagus,waan Rabbiin uumen jiraata, Rabbiin kaafira uume ,maa kafare'eef, qilleensa irraa qabee, takkaa waan jiraatun irraan muru , addunya'arratti, ammas namuu, akka fedhutti, waan fedhun argatu, sun waan harka Rabbii jiruu.

*Mee akka garii isaanii waan jiraataniin

T S R Q P O

keessatti garii isaanirra caalchifne laali, akka kenna'aafii, dhoowwalleen harka keenya jirtu agartaa, kan kanaa guddifnee kanaa xiqqeessinu, kana guddifnee kana xiqqeessinu,

*Waa takka beekhaa: gatii yookaa darajaa aakhira'aatitu gatii addunya'arra caala,waan aakhira'atti argatantu waan addunyarratti argatinirra caala, X W V

21}*Ammallee wal dabarsuu Rabbiin aakhira'atti wal nama dabarsuutu, wal dabarsuu addunya'arratti wal nama dabarsurra caala, Rabbiin akkuma qananii addunya'aa keessatti nama wal dabarsu qananii aakhira'aa keessatti wal dabarsa, akkuma dalagaan gaarin addunya'arratti dalagan wal dabartuun .tanaaf jecha dalagaa aakhira'atti jabaatun barbaadama dalagaa addunya'arra . [Z Y

*Rabbii gudda'atti waan biraa Rabbi jettee hin qindeessin, Rabiin tokkichaa lamaa jechaan yaadin, yoo mukaan Rabbi jettee, takkaa namaan Rabbi jettee, Rabbitti qindeessite, a ` _ ^] \

*Jibbamteeti haftaa, beekhi c b

22}*Kan nama si gargaaru yookaa sii tumsu e d

hin qabne maalif Rabbiin nama tokkummaa isaa yaadu, kan waa hunda Rabbii tokkichaatu uumee, wanni inni uume isatti qixxaayuu hin dandeessuu yaadu, jaalata, isuma guddisa, ammoo nama waan Rabbiin uume Rabbitti qindeessu, itti fakkeessu, itti dallanaa ni qixaaxaa, ni xiqqeessa.

*Rabbiin kee gabroottan isaa isa malee waan biraa gabbaruu dhabu'utti ajajee jiraa, namni ajaja isaa didee waan biraa gabbaru, qixaaxa haqa godhata , l k j i h g f

*Ammallee Rabbiin, haadhaa abba'atti harkaa fuula tolu'utti ajajee jiraa,haadhaa abbaa keessanii tolaa, n m

*Yoo tokkoon isaan lamaanii si biratti, takkaa sii jiruu, t s r q p

*Takkaa isaan lachuu,dulloomanii ati isaan v u

tottooyatu'utti haajaman, jabaadhuu isaan tottooyadhu, tooyannaa isaan, gaafa ati joolle'ee si tooyatan yaadadhu, kan ifii beelayanii si quubsan, kan si raffisu'uuf qaaxiraa bulan, hifannoota tooyannaa isaanii isaan sirraan argin,

*Yoo isaan si rakkisanillee,uf jettee qalbii isaanii hin cabsin, z y x w

*Ammallee isaanin hin lolin, | {

23}*Yoo waa isaanin je'uu feete, jecha bareedaa laafaa je'iin.

{ ~ قَوْلًا كَرِيمًا ﴿٢٣﴾

*Haadhaa abbaa keetif, goflaa yookaa kooluu laafinsaa gad qabi,

وَٱخْفِضْ لَهُمَا جَنَاحَ ٱلذُّلِّ

*Rahgmata isaanii godhu`uu jecha, takkaa

مِنَ ٱلرَّحْمَةِ

isaanii nayu'uu jecha, akkana jechuun: haadhaa abbaa keetitti fuulan hammaatin, harkan jabaatin, waan barbaadan hunda laaftu'utti sirraa haa argatanii, waan ati dandeessu, ammoo waan ifiin dandeenye, Rabbi khadhadhuuf, yoo dhukkubsatan, yookaa du'an,

*Yaa rabbi rahgmata godhiif ,

© رَّبِّ ٱرْحَمْهُمَا

24}*Akka gaafan an xiqqa'aa ,rahgmata naa godhanii na guddisanitti je'ii rahgmata khadhuuf.

كَمَا رَبَّيَانِى صَغِيرًا ﴿٢٤﴾

*Rabbiin keessan waan isin gara`atti dhoyfattan ni beekha, haadhaa abbaa keessaniif qajeeluu tayuu itti jallatuu tayuu,waa hunda quba qabaa, wanni isarraa dhokhatu hin jiru,

رَّبُّكُمْ أَعْلَمُ بِمَا ´ µ

*Yoo kan warra tole taatan, waan Rabbiin je'u dhageessanii, waan balleessitan hundarraa deebitan Rabbiin isiniif araarama ,

, تَكُونُوا۟ صَٰلِحِينَ

25}*Rabbiin kan warra gara isaa deebi`eef

فَإِنَّهُۥ كَانَ لِلْأَوَّٰبِينَ غَفُورًا ﴿٢٥﴾

waan yaadan male'etti dalagan araaramu kan waan haadhaa abbaan isaanii irraa hammaatan, kan isaanirraa argame, kan isaan waan saniin isaanitti balleessuu hin yaadin, isaaniif araaramu.

*Aanaa keetif waan inni sirraa haqa godhatu kenni, sun harkaa fuula itti toltee, ifitti qabuudhaa,

وَءَاتِ ذَا ٱلْقُرْبَىٰ حَقَّهُۥ

*Miskiina nama waan qabneefis haqa isaa kenni,sun waan inni haajame isaa kennu'uu,

وَٱلْمِسْكِينَ

*Ilma kara'aatifis haqa isaa kenni, ilmi kara'aa: nama imaltu'uu, kan sinqiin yookaa galaan harkaa dhume,hayni isaa waan biyya isaatin isa gayu isaa kennu',

وَٱبْنَ ٱلسَّبِيلِ

26}*Waan kenitu akka malee hin kennin, karaa haqaatin malee,horii kee hin basin.

وَلَا تُبَذِّرْ تَبْذِيرًا ﴿٢٦﴾

*Warri horii isaa bakka Rabbiin horii kees- إِنَّ ٱلْمُبَذِّرِينَ كَانُوٓاْ إِخْوَٰنَ ٱلشَّيَٰطِينِۖ

san itti baasaa je'e malee bakka biratti baasu, kan sharmuuxumma'atti baasu, kan farsho'oon dhugu'uu baasu,isaan obboleeyyan sheyxaanatii karaa sheyxaanarratti deeman

27}*Sheyxaanni Rabbii isaa moromee وَكَانَ ٱلشَّيْطَٰنُ لِرَبِّهِۦ كَفُورًا ﴿٢٧﴾

yookaa akkaan kafaree jiraa,obboleeyyan isaatis akkasi, mee akkamitti karaa isaa deemtanii Rabbitti kafartan, tanaaf jecha: yoo nyaattan, takkaa dhuydan, takkaa baafattan hanga malee,yookaa akka malee,bakka malee ,hin nyaatinaa hin dhuginaa, takkaan baasinaa.

*Yoo warra haqa sirraa qaburraa gara ga- # " !

lte, waan isaanii kennitu harkaa dhabdee,

*Siyii rahgmanni yookaa rizqiin Rabbii (' & % $

keetii sii dhuftee,isaanii kennuu khajeellaa qabdu ,

28}*Jara haqa sirraa qabu kan akka aanaa - , + *)

keetii nama waan qabne,saniin jecha gaarii laafaa isaan gammachiisu, kan waa isaan abdachiisu je'i, sun akka yaa jarana amma homaa na biran jiranii, wannin isinii kennu dhufu'un khajeelaa, gaafasan isinii kennaa hangasitti obsaadhaa afadhaa, isaanin je'uutu.

*Harka kee, gara morma keetii,olin dacha- 3 2 1 0 / .

asin ,matumaan waa kannuu hin dhiisin jechu',

*Ammallee harka kee gad hin lakkisin , 7 6 5 4

waan harkaa qabdu hunda kennitee, harka dhadhawattee,

29}*Waan kennitu dhabdeeti,harka qullaa < ; : 9 8

haftee takkaa teessee zigaalamtaa yookaa kumatamtaa tanaaf jecha waan kennaniifii, waan dhiisan keessatti, karaa jiddu jireysa deemun gaariidha, kan waan qabdu kennitee harka hin dhadhawanne, kan waan qabdutti goggoydee, warra haqa sirraa qabu hoongeysitee hin himatamne, tanaaf nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatu { haala hundarratti jidduu jireessatu caalaa} je'e.

*Rabbiin kee nama fedheef rizqii bal'isa, A @ ? > =

*Ammoo nama fedhetti dhiphisa, B

30}*Maalif Rabbiin nama gabroottan isar- J I H G F E D

raa rizqii itti bal'isuu haqa godhatuufii, kaan ni beekaa, ni arga, nama meeqaatami, kan yoo itti dhiphatte jallatu, ammas meeqaatami kan yoo itti bal'atte qajeelu, san hundaa Rabbiitu beekka.

*Ilmaan keessan hin ajjeesinaa, L K

*Hiyyummaa yookaa waan nyaachifnu hin argamnuu soda'aaf, N M

*Nuutu isaan razaqaa, yookaa waan jiraataniin isaanii hiraa, Q P

*Akkasuma isinille'eef nuutu rizqii hiRaa R

,namuu rizqii ifiiti nyaataa, Rabbiin nama hunda odoo inni garaa haadha isaa jiruuti ,rizqiin isaa hangana,umriin isaa hangana, dalagaan isaa hanga jiru akkana iimaanarratti du'ee, warra jannataa tayamoo, kufri'irratti du'eeti, warra azaabaa tayaan katabamtee, ol kaayamtee, namni waan Rabbiin katabee dabarse sanirraa jirjiiruu dandayu hin jiruu, tanaaf jecha , hiyyummaa soda'aaf ilmaan keessan hin ajjeesinaa,

31}*Isaan ajjeessun dilii yookaa cubbuu guddo'oo arabni dur, hiyyummaa soda'aaf ilmaan isaanii,isaanii joolle'ee ajjeessan, duuba islaamni dhufnaan dhiisan. Y X W V U T

*Nikaahgan male'etti dhala'atti hin ida'aminaa, ittin dhiyaatinaa , \ [Z

*Zinaan yookaa nikaahaan malee, dhala'atti ida'amuun waan hamtuu ,dilii fokkattu', ` _ ^

32}*Zinaan,karaa ilmaanin horan bada'a, c b a

maalif intala takka yoo siifii namni biroo itti ida'amtan ilmaan keetifii kan nama biraa, addaan hin beekkamu, akkasuma dhalaan dhiirti hedduun itti ida'amtu ,inumaa hin dhaltu,takkaa malee,sanumaan wajji dhalaan namni hedduun itti ida'amu dhukkuba hamaa fuuti, kan dafee isii miidhu ,maalif ? hori'ii jetteeti waytii maluufii waytii hin mallellee dhiira ifiiti idaati, akkasuma dhukkuba dhiira tokkoo kaanitti dabarsiti, ammoo dhalaan nikaahgan raga'aan fuudhan, dhukkuba jaarsa isi'itti hin fiddu ,ifille'ee, hin miidhamtu, diinage'ee jettee hin yaaddoytu, ilmaan isaanii, aayyoo aabboo je'aniiti, kan ummanni hundi beekku guddatan, duuba karaa kanamoo karaa kaantu irra caala?.

*Lubbuun Rabbiin ajjeechaa isi'ii dhoowwe, haqaan male'etti hin ajjeesinaa, k j i h g f e d

*Namni haqa male'etti ajjeefame, o n m

*Nama, nama du'e san dhaalif, irree yookaa karaa goonee jirra, akka namicha, nama isaa ajjeese san ajjeefatu , karaa mootumma'aatin eega ajjeesun isaa raggaatee ajjeefatuu qaba,

s r q p

*Haa tayuu hoggaa nama ajjeesse san ajjeefatu,wasanaa hin bayin, akka inni itti ajjeeserraa maqee,takkaa nama ajjeesee mitii, kan biraa ajjeesee,yoo qawe'een ajjeese, dhaga'aan tumee ajjeesun wasanaa bayu', yoo bakka isaa nama lama ajjeese wasana baye, tanaaf jecha hoggaa biiluu, yookaa gadoo nama, nama ajjeeserraa baatan daangaa yookaa wasana ittin dabrinaa ,

w v u t

33}*Inni akka malee ajjeeffamu sun tumsa Rabbirra qabaa beekhaa.

| { z y

*Horii yatiimattiinni joollee abbaan irraa du'ee hin dhiyaatinaa, nyaatu'uufii karaa birale'een,

} ~ مَالَ ٱلۡيَتِيمِ

*Yoo karaa yatiimaa toluun taate malee karaa horii isaa tiysu'uutin takkaa tirfeysu'uutin yoo taate malee, horii joollee xixiqqoo abbaan qabnetti, hin dhiyaatinaa,

إِلَّا بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُ

*Hanga yatiimichi sun, guddatee bakka dhiiraa gayutti, bara khudha shan gayee, isaa dalagaa diinii, dunya'aa qajeelfatu,

حَتَّىٰ يَبۡلُغَ أَشُدَّهُۥ

*Baallama yookaa wa'ada Rabbiifii namaaf seentan guutaa hin diigina'aa,

وَأَوۡفُواْ بِٱلۡعَهۡدِۖ

34}*Baallamni waan namni irraa gaafatamuu.

إِنَّ ٱلۡعَهۡدَ كَانَ مَسۡـُٔولٗا ٣٤

*Hoggaa waa namaa saffartan guuta'aa saffaraa,

وَأَوۡفُواْ ´ ¶ µ

*Yoo waa namaa miizaanatan miizaana qajeela'aan miizaana,

بِٱلۡقِسۡطَاسِ ٱلۡمُسۡتَقِيمِۚ ،

*Santu ammaaf isinii irra caala ,

ذَٰلِكَ خَيۡرٞ

35}*Booddalle'eef santu irra isiniif gaa ri'ii, maalif? namni karaa Rabbiin je'u kanarratti deeme addunya'aa tanarratti ni jaalatama, aakhira'atti galata guddaa gaarii argata.

وَأَحۡسَنُ تَأۡوِيلٗا ٣٥

*Waan beekkomsa isaa hin qabne, kan argitee hin dhagayin,jala hin deemin, hin dubbatin, hin yaadin ,

وَلَا تَقۡفُ مَا لَيۡسَ لَكَ بِهِۦ عِلۡمٌۚ

*Gurraafii, ijaafii, qalbiin, yookaa onneen ,

إِنَّ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡبَصَرَ وَٱلۡفُؤَادَ

36}*Isaan hundinuu waan isi'iin dalagerraa

كُلُّ أُوْلَٰٓئِكَ كَانَ عَنۡهُ مَسۡـُٔولٗا ٣٦

abbaan gaafatama , kan gurraan waan hamtuu dhaggeeffate irra gaafatama, kan ijaan waan hamtuu laale irraa gaafatama, kan qalbi'iin waan hamtuu yaade kan waan hin beyne dubbate, takkaa dalage irraa gaafatama.

*Boona'aa, gammada'aa, if guddisa'aa, dech-i'irraa hin deemin,

وَلَا تَمۡشِ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*If guddisuu keetin, dachii urtee bakka isiin itti dhaabbattu gayuu hin dandeessu

مَرَحًاۖ إِنَّكَ لَن تَخۡرِقَ ٱلۡأَرۡضَ

37}*Dheerattee, dheerina gaaratiin hin qixx-ooytuu,mee akkamitti boontee if guddifta.

وَلَن تَبۡلُغَ ٱلۡجِبَالَ â à ٣٧

*Waan hin beyne je'uufii, boonafii if gu-ddisuun, takkaa wanni dabarsine hundi

ذَٰلِكَ

38}*Diliin isaa Rabbii kee biratti hamtu'u.

كَانَ سَيِّئُهُۥ عِندَ ç è é

*Wanni dubbannee dabarsine sun, hikmaa yookaa gorsa Rabbiin kee si barsiise, akka gabroottan kiyya barsiiftee isaan qajeelaniif jecha,

! " # $ % & ' (

*Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa ni jiraa hin yaadin, shariika isaaf hin godhin ,

) * + , - .

*Yoo Rabbiif shariika goote, guyyaa boruu, ibidda jahannamitti darbamta,

/ 0 1

*Maalif ? Shariika Rabbii keetif goote je-cha'aaf ,Rabbiin shariika hin qabuu,

2

39}*Sii rahgmata Rabbirraa darbame ibidd-

3 4

atti darbamtaa Rabbitti waa fakkeessu'urraa fagaadhuu tokkummaa isaa yaadi.

Warri makkaa malaaykan dubra Rabbiiti jennaan, Rabbiin isaanirratti deeb-isee akki je'een:

*Si Rabbiin keessan dhiira qofa isinii uumeti,

5 6 7

*Malaaykaa dubra godhatee uummatee? Akka isin yaaddanitti?,

8 9 : ;

40}*Isin waan diliin isi'ii guddo'ooti jettan

= > ? @ A

mee Rabbiin dhiirafii dhalaa isinii uumee jiraa,isin dhalaa hoggaa argattan ni jibbitanii, duuba waan ifii jibbitan Rabbiin jaalattanii? kan inni waan uume hundarraa dureysaa?.

*Dhugumaan qur'aana kana keessatti waa hedduu addeessinee jirra, maymaaka tayuu, waan jannata nama khajeelchisu tayuu, waan azaaba nama sodaachisu tayuu,

F E D C B

*Akka waan saniin gorfamanii amananiif jecha,

G

41}*Haa tayuu gorsi sun haqarraa dheysuu, yookaa fagaatuu malee, waan biraa isaanii hin ida'u.

L K J I H

*Warra Rabbiin shariika qaba je'uun akki jettu, odoo Rabbiin biraa Rabbiin wajji jiraatee akka isaan jettanitti,

S R Q P ONM

42}*Silaa Rabbiin Arshi`irratti ol taye sanitti karaa baafatuu barbaadan

Z Y X WV U T

43}*Silaa Rabbii Arshirratti ol taye sanitti karaa baafatuu barbaadan

a ` _ ^] \ [

*Samiin torbaniifii dachiin ammallee wanni isaan keessa jiru hundi Rabbii isii, uume ,waan isaan hin mallerraa qulqulleessiti shariikafii, ilmoo hin qabuu yaaddi,

h g f e d c b

*Wanummaan uumame hundi,kan Rabbbii

o n m l k j

isaa, waan isaan hin mallerraa hin qulqulleessine hin jiru, isa faarsu'uun wajji, muka tayu, dhagaa tayu, horii tayuu, bineensa tayuu, waan biraa tayu, hundinuu Rabbii isaanii waan isaanii hireerratti, faarseti, shariikafii waan isaan hin malle hundarraa qulqulleeysan ,

*Haa tayuu isin akkaataa sami'iifii dachiin ammallee wanni isaan lamaan keessa jiru hundi Rabbii ifii tasbiihga gootu yookaa qulqulleessitu hin beytan,waan afaan keessaniin hin tayiniif,

s r q p

44}*Rabbiin kan obsa qabu , kan daddafee gabroottan isaa, balleessa'arratti, hin qixaan'e, kan isaanif araaramu.

y x w v u

*Yaa ergamaa kiyya muhammad hoggaa ati qur'aana qaraatu ,

| { z

{ ~ وَبَيْنَ ٱلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِٱلْآخِرَةِ

حِجَابًا مَّسْتُورًا ﴿٤٥﴾

45}*Siifii warra aakhira'attin amanne tokko, kan sii qur'aana qara'u, si ajjees su'u jecha ,sitti dhufe jidduu,dawoo, yookaa girdoo goonee,si arguu dadhabanii,si miidhuu dhaban.

وَجَعَلْنَا ©قُلُوبِهِمْ أَكِنَّةً أَن يَفْقَهُوهُ

*ammas qalbii warra , aakhira`atti hin amaninirra hagooggaa keenyee jirra, akka qur'aana hin beynef, waan isaan aakhira'atti kafaraniif, maalif qur'aanni nuuraa, nuurri, warra Rabbitti dilaayef hin galu, takkaa hin mul'atuu,

وَفِىٓ ءَاذَانِهِمْ وَقْرًا ۚ

*Ammas gurra warra aakhira'atti kafaree keessa ulfinaatu,yookaa duudumma'aatu jiraa, qur'aana hin dhagayan,

وَإِذَا ´ µ ¶ ¸ وَحْدَهُۥ

*Hoggaa qur'aana keessatti Rabbii kee tokkuma'aan dubbatte,

وَلَّوْا۟ عَلَىٰٓ أَدْبَـٰرِهِمْ نُفُورًا ﴿٤٦﴾

46}*Warri tokkummaa Rabbii didu, hoggaa dhagaye,irraa gara galaniiti ori'an, dhagayuu jibbansaaf.

نَّحْنُ أَعْلَمُ بِمَا يَسْتَمِعُونَ بِهِۦٓ

*Waan kuffaarri sii qur'aana qara'u si dhaggeeffatuuf ni beyna, sun si xiqqeesu'uufi,

إِذْ يَسْتَمِعُونَ إِلَيْكَ

*Hoggaa qaraatii tee dhaggeeffatan,

وَإِذْ هُمْ نَجْوَىٰٓ

*Hoggaa isaan suuta waliin haasawan ni beyna,

إِذْ يَقُولُ ٱلظَّـٰلِمُونَ

*Hoggaa warri Rabbitti kafare haasawa isaanii keessatti waliin je'u,

إِن تَتَّبِعُونَ إِلَّا رَجُلًا مَّسْحُورًا ﴿٤٧﴾

47}*Namni isin jala deemtan, nama falfalamee qalbiin waa taate malee,nama biraatii miti, waliin je'an, qishna'aaf jecha .

ٱنظُرْ كَيْفَ ضَرَبُوا۟ لَكَ ٱلْأَمْثَالَ

*Mee laali yaa ergamaa kiyya akka kuffaarri kun waan ati hin tayinitti si fakkeessu ,hoggiin falfalama', hoggiin nama raaga laalu, hoggiin nama walaloo beekhu je'anii,

فَضَلُّوا۟ فَلَا يَسْتَطِيعُونَ سَبِيلًا ﴿٤٨﴾

48}*Isaan dalagaa tanaan kara'arraa badanii abaduma haqatti hin qajeelan.

وَقَالُوٓا۟ أَءِذَا كُنَّا à

*Ormi kuffaaraa kanneen eega duunee , guyyaa qiyaama'aa hin kaafamnu je'u, akki nabi Muhammadiin je'u: si gaafa yookaa eega duunee, foon keenya biyyeen nyaatee, lafee taanee,

وَرُفَٰتًا

â لَمَبۡعُوثُونَ خَلۡقًا جَدِيدًا ﴿٤٩﴾

*Ammallee eega reeffa dhumtee biyyee taate taanee,

49}*Lammada deeffamnee ,uumaa haarawa uumamnaa,kaafamnaa? je'anii gaafatan, qishna'aaf.

*Yaa gabricha kiyya muhammad akki jettuun:

50}*Mee lafee duraan isin keessa jirtuu mitii , dhaga'aayuu tayaa, takkaa sibiilatti gara gala , takkaa waan biraa kan uumame, kan akka yaada keessanitti jiraatuu hin qeeballe tayaa, sanumaan wajji lubbuun isinitti deeffamtee jiraatuu hin ooltanii beekaa je'iin.

*Duuba eenyutu nu jiraachisee? Yookaa jiru'utti nu deebisa? Siin je'uudhaa jiraatanii,

*Wanni jettuun kan isin jiraachisu, kan uma duraan isin uume, isinii hin jirre, waan jiraa isin godhe, duuba inni isinii ,waa takka hin je'amne, jalqabee isin uume,lammada isin uumun isa dhibaa? akka namni yaadutti, waan argamee bade, deebisu'uutu, waan takkaan argamin tolchu'urraa laafaa, akkamitti eega duutanii, kaafamuu qeebaluu diddan je'iin,

*Duuba hoggaa san ajaa'iba godhanii, mataa sitti lullulanii,

*Yoomi gaafni kaafamnu, siin je'uudhaa jiraatanii qishna'aa jechaa,

51}*Duuba wanni jettuun waytiin keessa kaafamtan sun, dhiyoo tayuun ni eeggama je'iin .

*Sun guyyaa Rabbiin malaaykicha israafiil je'amuun warra qabri'ii hunda yaami je'eenii isin yaamu,

*Duuba hundi keessan qabrii keessaa kaatanii, yaaminsa isaa owwaattan,

*Amrii isaatin, yookaa ajaja isaatin ,takkaa makgnaan isaa:faarun ta Rabbiiti jechu' ,

52}*Duuba hoggaa qiyaaman dhaabbattee qabri'ii kaafamtan,wanni seetan akka waytii xiqqoo malee,addunyaa keessa, yookaa qabrii keessa hin taa'iniiti if seetan cinqiin hamtuun, isin mudatuu keessa.

" !

+ *) (' & % $ #

- ,

1 0 /

7 6 5 4 3

; : 9

> = <

E D C B A @

G F

H

I

O N M L K J

*Gabroottan kiyyaan, kanneen natti amaneen akki jettu:
*Orma kuffaaratiin haa je'anii:

*Jecha irra gaari'ii,

*Maalif sheyxaanni hammeenya isaan jiddu'utti darbaa,akka hammeenyi, hin bal'anne, dubbii gaarii dubbadhaa .
53}*Sheyxaanni xilaata ilma namaa beekkamaadhaa badiin hamtuun,jecha hama'arraa kaatii jecha hama'arraa fagaadhaa, jecha gaarii kuffaaran je'aa, wanni jettaniin.

*Yaa jarana Rabbii isin uumetu, akka isin godhu'uu taa'u beekha,
*Rabbiin keessan yoo fedhe rahgmata isinii godheeti,akka amantan isin godhee , jannata isin seensisa,
*Yoo fedhe kufri'irratti isin ajjeeseti azaaba isin seensisa, dubbiin harka Rabbii keessaniiti jirti je'aadhan ji'iin,
54}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ak ka kuffaararratti wakiila taatee ,amanti'itti isaan gidditu'uuf sin erginee? wanni si ergineef, akka karaa haqaatifii kaan adda isaanii baaftu'uufi.

*Rabbiin kee nama sami'ii dachii keessa jiru hunda adda beekaa,namuufuu waan inni haqa godhatu kenna
*Dhugumaan garii anbiyootaa garii isaanirraa caalchifnee jirra, waan kanaa hin kennin kaanii kenninee,
55}*Daawuudif kitaaba zabuur je'amu kenninee jirra.

*Orma kuffaaratiin akki jettu warra Rabbii

Q P
R
U T S
Z Y X W
b a ` _ ^] \
e d c
i h g
m l k j
s r q p o
y x w v u t
{ | } ~ عَلَىٰ بَعۡضٖۖ
وَءَاتَيۡنَا دَاوُۥدَ زَبُورٗا ٥٥ قُلِ
ٱدۡعُواْ © زَعَمۡتُم مِّن دُونِهِۦ

achitti Rabbi jettanii ibaaddan, yookaa gabbartan kan akka {iisa'aa} kan akka {uzeyrii} kan akka mukaa jinni'ii, yaamadhaa, haa cinqii isin keessa jirtan jalaa isin baasanii,

فَلَا يَمْلِكُونَ كَشْفَ ٱلضُّرِّ عَنكُمْ

*Jarri isin Rabbi jettanii gabbartan sun, dararaa, yookaa balaa isinitti buute isinirraa deebisuu hin dandayan,yookaa humna ittin qaban,

وَلَا μ ´

56}*Ammallee balaa isinitti deemtu isinirraa gara nama biraa maysuu hin dandayan.

¶ ¸ يَدْعُونَ

*Warri isaan Rabbi je'aniin sun, kan akka nabi iisa'aafaan,

يَبْتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ ٱلْوَسِيلَةَ

*Rabbii isaanitti dhiyaatuu barbaadan, ibaadaa Rabbii heddommeysanii,

أَيُّهُمْ أَقْرَبُ

*Kamtu isaanirraa, gara Rabbii, akkaan dhiyaata'aan akkuma ibaadaa Rabbii heddommeysaniin ,Rabbitti dhiyaatuu barbaadan,

وَيَرْجُونَ رَحْمَتَهُۥ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُۥٓ

*Ammallee rahgmata Rabbii kajeelaniiti azaaba isaa sodaatan,

إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحْذُورًا ﴿٥٧﴾

57}*Azaabni Rabbii keetii dhuga'aa inni kanuma sodaatan.

وَإِن مِّن قَرْيَةٍ

*Ummatuma biyya taatee haa taatuu,

إِلَّا نَحْنُ مُهْلِكُوهَا قَبْلَ يَوْمِ ٱلْقِيَـٰمَةِ

*Odoo guyyaan qiyaama'aa hin dhufne, biyya san balleessuu hin oollu, warra biyya sanii fixuudhan,yookaa ajjeesuudhan

أَوْ مُعَذِّبُوهَا عَذَابًا شَدِيدًا

*Takkaa azaaba jabaa biyya Rabbitti balleessite san azaabuu, takkaa qixaaxuu hin oollu, nama lolaan isaan fixu, takkaa isaan boojiyu itti erginee, takkaa balaa warra biyya sanitti buufnee,

كَانَ ذَٰلِكَ فِى ٱلْكِتَـٰبِ مَسْطُورًا ﴿٥٨﴾

58}*Warra Rabbitti balleesse waan argamuu hin oolle.qixaaxun,waan kitaaba lowhgalmahgfuuz je'amu, kan wanni Rabbiin uume hundi keessa jirtutti katabamee , dabree

% $ # " !

*Mukgjizaa warri makkaa ergamaa kee nya Muhammadirra, yoo ergamaa Rabbii taate, mee gaara makkaa ziqiyaa nuu godhi je'ee barbaade san, fidu'urraa wanni biraa nun dhoowwine ,yoo

*) (' &

*Warri isaan duraa, mukgjizaa akkasii kijibsiisuu taatu malee, maalif warri Kuffaara makkaa dura dabre , mukgjizaa nuti anbiyaa isaanitii kennine qeebaluu didaniiti tan biraa nurra barbaadanii

,duuba hoggaa mukgjizaa san isaan agarsiifnu, dhugo'oomsuu didanii kijibsiisan, duuba hoggaa san itti dallannee,laffarraa isaan fin'e ,akkasumaa warri makkaa kan mu'jizaa nuti Muhammadii kennine didee ta biraa barbaadu,odoo agarsiifnee, itti kafaranii, balaa itti buufneti lafarraa fin'a, akka kun hundi hin argamne'eef,mukgjizaa isaan barbaadan agarsiisuu oollee,hanga ergamaan kiyya Muhammad diinaa kiyya bakkaan gayu, qaaxaroo isaanii qabne, takkaayuu isaan booda aansine,

*Ummata thamuud je'amu, kanneen shaamifii hijaaz jidduu jiraniif, gaala dhalaa kennineefii jirra, . - ,

*Akka mukgjizaa mul'attuu, nabi saalihg, nama Rabbiin isaan qajeelchu'uuf isaanitti erge taye, isaanii taatu'uuf jecha , /

*Haa tayuu itti kafaraniiti gaala san ajjeessanii,duuba lafarraa isaan fin'e, 1 0

59}*Wanni mukgjizaa anbiya'aa kenninuuf ummataan sodaachifnee ,akka amanan godhu'uufi . 8 7 6 5 4 3

